Australian Government
Department of Social Services

# Saalummaan Dhaanamuu (Sexual Assault)

## Australia keessatti eenyyun illee saalummaan dhaanuun faallaa seeraa ti.

Namni yakka saalaan dhaanamuu raawwate dhiiras tahe dubartii mana hidhaa seenuu danda’a.

Yoo ofii kees tahe namni ati beektu balaa akkasii keessa jiraate Police **000** bilbili.
Police Australia ni amanamu; waan ati itti himtus dhoksaatti qabama.

Gorsaa fi odeeffannoo hiccitii, kan tolaa argachuuf, 1800 RESPECT on **1800 737 732** bilbili.

Afaan deebisa yookaan afaan hiika yoo barbaadde **131 450** bilbili.

## Mootummaan Australia (Australian Government) Saalummaan Dhaanamuu haala kam keessattuu hin sarmu; tole hin jedhu.

Saalummaan dhaanamuun fedhii nam saniin malee nama kan biro irratti kan raawwatamu jechuu dha.

Saalaan dhaanamuun kan inni dabalu:

- eenyuun illee humnaan waliin ciisuu/qunnamtii saalaa raawwatuu yookaan akka raawwatamu dirquu;
- qunnamtii saalaa saalfachiisoo (qaanfachiisoo) akka ilaalu/tu dirquu; ykn yookaan
- ijoolee waliin qunnamtii saalaa raawwatuu yookaan irratti raawwatuuf yaaluu.

Saalummaan dhaanamuun warra waliin jiraatan (partner), abbaa warraa/haadha warraa yookaan maatii keessaa tokkoo isaaniin raawwatamu faallaa seeraa ti.

## Dubartootni aakkuma dhiirotaa qixa mirga qabaatan.

Seerri Australia dubartootaa fi dhiirota wal-qixatti ilaala.

Eenyu illee okkora/gajahumsa takkaan malee hariiroo gammachuu qabaatee hawaasa keessa bilisa tahee jiraatuuf mirga qaba.

Dubartootni dabaa fi miidhaa isaan irra geessisamu fudhatuu hin qaban.

## Tajaajilli aadaa kabaju gargaarsa kennuu danda’u Australia keessa ni jira.

**1800 RESPECT** jedhu kun Australia keessatti Tajaajila Biyyoleessa kan Miidhaa Salaa, Okkora/gajahumsa maatii fi man-keessaa gorsuuf dhaabbate.Innis bilbilaa fi sararaa gubbaatiin odeeffannoo fi grosa tolaa fi dhoksaa kenna.Gorsitootnis, si dhaggeeffatanii, gaaffii kees siif deebisuutti dabalee tajaajila kan biraa naannoo kee jirutti si dabarsu.

**1800 737 732** bilbili yookaan mar-sariitee (website) 1800 RESPECT **www.1800RESPECT.org.au** laali.

## Afaan deebisa/hiikaa ni barbaaddaa?

**Tajaajila Jijjiirraa (translating) fi afaan Deebisa/Hiikkaa** (TIS) **131 450** irratti tola bilbili. TIS tajaajiloota kan biro waliin akka wal agartu si gargaara. TIS gorsa siif hin kennu.